# سُورَةُ الْمُزَّمِّلِ
# Suuraa Muzammil

*Dura dursoo suuran tun {suuratulmuzz-ammil} je'amti} — قبل كل شئ هذه هي سورة المزمل

*Isiin suuraa makkaati, — وهي مكية

* Aayaanni isiidhaa diiddama {20}. — وآياتها ( ٢٠ )

*Lakkooysi isi'ii torbaatamii sadi {73} . — وعددها ( ٧٣ )

*Isiin eega suuratulqalamii buute — نزلت بعد سورة القلم

*Maqaa Rabbiitin jalqabnaa, — بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَٰنِ الرَّحِيمِ

l}*Yaa kan huccuu ifitti maree ciisu, inni nabi muharnrnadii. — يَا أَيُّهَا الْمُزَّمِّلُ ﴿١﴾

2}*Ka'ii ,hin ,ciisinii ,halkan waaxiqqo malee dhaabbadhuu salaati,qur'aana qara'i — قُمِ اللَّيْلَ إِلَّا قَلِيلًا ﴿٢﴾

*Cinaa halkanii dhaabbadhu , — نِصْفَهُ

3}takkaa waa xiqqo cinaa isarraa ir'isi , ha-rka sadiyirraa tokko dhaabbadhu, — أَوِ انقُصْ مِنْهُ قَلِيلًا ﴿٣﴾

*Takkaa cinaa halkanirra ida'ii halkan ha-rka sadiyirraa harka lama dhaabbadhuu , salaati, — أَوْ زِدْ عَلَيْهِ

4}*Qur'aana suuta qara'i, qaraatii jarjars-u'uun male'etti, harfii mul'isa'aa,ma'naa gad laala'aa,yoo aayata rahmata dubbattu qaraate ,rahmata khadhata'aa, yoo aayata azaaba dubbattu qaraate azaabarraa maganfata'aa. — وَرَتِّلِ الْقُرْآنَ تَرْتِيلًا ﴿٤﴾

5}Nuti qur'aana kabajamaa ulfina ,qabu ,sirratti, buufnaajecha Rabbii keetii, nam-ni jecha Rabbii ifii mi'eyfate hirriibni ittin mi'aayuu. — إِنَّا سَنُلْقِي عَلَيْكَ قَوْلًا ثَقِيلًا ﴿٥﴾

*Halkan ka'anii salaatu'uutu, — إِنَّ نَاشِئَةَ اللَّيْلِ

هِيَ أَشَدُّ وَطۡـٔٗا

*Waytii , rabbiin ,ibaadaa akkaan, namarraa ,qeebalu ,gaxxamaa,salaata halkanii iti-tu salaata guyya'arra caala, waan qal.; biin bakka takka nama teessuf

وَأَقۡوَمُ قِيلًا ﴿٦﴾

6}*Qaraatilleen halkan keessa namaaf tolti takkaa qajeelti waan halkan keessa wahayyuu cal je'uuf , kan waan qara'an akkaan gad qabanii laaluu dan dayan, kan waan qara'an ma' naa isaa eeganii qara'uun iimaana namaa idaatu, tanaafyaa ergamaa kiyya Muhammad halkan dhaabbadhuu qur'aana qara'ii salaati.

إِنَّ لَكَ فِي ٱلنَّهَارِ سَبۡحٗا طَوِيلٗا ﴿٧﴾

7}*Ati guyyaa keessaa, waytii dheertuu qabda, tan isii keessa alii gad deemtee waan itti haajamtu dalagatu'uuf sii bal'attu, {sab-hgan} jechuun; wayti jechu'.

وَٱذۡكُرِ ٱسۡمَ رَبِّكَ

*Jiruu tee keessatti zikrii Rabbii heddommeysi, maqaa isaa dhayii yaadadhu hin irr-aanfatin,

وَتَبَتَّلۡ إِلَيۡهِ تَبۡتِيلٗا ﴿٨﴾

8}*Waan hundarraa gara rabbi keetii citi isumatti, irkadhu isumaan gargaarsifadhu,isumaatu si furaa,isumaatu si gargaaraa ,hoggaa dalagaa birarraa raaw'atte qalbii takkaan gara ibaadaadhaa gara galii, Rabbii tokkicha waa hunda uume ibaadi.

رَّبُّ ٱلۡمَشۡرِقِ وَٱلۡمَغۡرِبِ

*Rabbii bayaafii dhiya uume,

لَآ إِلَٰهَ إِلَّا هُوَ فَٱتَّخِذۡهُ وَكِيلٗا ﴿٩﴾

9}*Isa,malee Rabbiin biraa hin jiruu ,wahayyuufuu isuma wakiila, takkaa wabii godhadhu, isumatti irkadhuu, dubbii tee isumatti kennadhu.

وَٱصۡبِرۡ عَلَىٰ مَا يَقُولُونَ

*Waan ormi kuffaaraa si godhurratti obsi, arraba isaan si arrabsan, miidhaa isaan si miidhan, hunda obsii ba'adhu,

وَٱهۡجُرۡهُمۡ هَجۡرٗا جَمِيلٗا ﴿١٠﴾

10}*Isaanin odi,oodinsa gaarii,kan isaan rarrabsu'uufii, isaan miidhun keessan jirre, akkanumatti itti dhi isi, kun gaafa ormi mu'minaa laafa'aati kan humnaan, kuffaara makkaa dura dhaabbatuu hin dandeenye,ammoo eega mu'minni jabaatee wanni dhufe ; nama isinitti game isinis itti gamaa jechu'uutu dhufe.

وَذَرۡنِي وَٱلۡمُكَذِّبِينَ أُوْلِي ٱلنَّعۡمَةِ

*Yaa,ergamaa, kiyya, Muhammad naafii

warra qur'aana khiyya khij ibsiisu, kanneen nuti horii kennineefii qana-niifne .walitti nu dhiisi ,araarama narran barbaadiniifii, qorichan isaanif qotaa , gadoodhan irraaf siif baasa .

وَمَهِّلْهُمْ قَلِيلًا ﴿١١﴾

11}* Waa xiqquma itti dhiisi, addunya'a-afii aakhira'atti,isaan qixaaxu'uuf teenya

إِنَّ لَدَيْنَآ أَنكَالًا

*Nu bira birbirata ibiddarraa tolfame kan orma kuffaaraa sanin hiinutu jiraa,

وَجَحِيمًا ﴿١٢﴾

**12}***Ammallee ibidda jahannam kan itti haramantu jiraa.

وَطَعَامًا ذَا غُصَّةٍ

*Ammallee nyaata hamaa nama hudhu kan akka qore'ee ,kan laaga'atti nama dha-abbatu, kan zaqquum je'amuutu orma ku-ffaaraa saniif jira,

وَعَذَابًا أَلِيمًا ﴿١٣﴾

13}Ammallee ,sanirratti ida'amee ,azaaba isaan laalessuutu nu bira isaanif jiraa itti dhufu'uu jiraatanii, itti dhiisi.

يَوْمَ تَرْجُفُ ٱلْأَرْضُ وَٱلْجِبَالُ

*gaafni ,isaan ,azaaba ,aakhira'aa ,san , mudatan ,Gaafa qiyaaman dhaabbattee dachi'ii fii gaarotiin sossootee

وَكَانَتِ ٱلْجِبَالُ كَثِيبًا مَّهِيلًا ﴿١٤﴾

14}*Gaarotiin, caccaphxee, tulluu cirra-chaa ,tan ,akka,biyye'ettiYaatu taate, eeg-uma dhagaa jabaa tayuu turtee.

إِنَّآ أَرْسَلْنَآ إِلَيْكُمْ رَسُولًا

*Yaa ilmaan namaa, nuti ergamaa keenya Muhammad isinitti erginee jirra,

شَٰهِدًا عَلَيْكُمْ

*Kan guyyaa qiyaama'aa waan isin dala-ydaniin ragaa isinitti bayu.yoo hamma-attan, takkaa ragaa isinii bayu yoo toltan,

كَمَآ أَرْسَلْنَآ إِلَىٰ فِرْعَوْنَ رَسُولًا ﴿١٥﴾

**I5}*** Akkuma mootii misraa fir kgawna kan Rabbi ifiin je'ee jallatetti, ergamaa keenya muusaa erginee isaafii ummata isaa qajeechi jenneenitti.

فَعَصَىٰ فِرْعَوْنُ ٱلرَّسُولَ

*Duuba fir'awna ergamaa keenyatti kafa-ree, qajeeluu didee, kufrii isaa itti fufnaan,

فَأَخَذْنَٰهُ أَخْذًا وَبِيلًا ﴿١٦﴾

16}*Isa,qabnee balleessaa jabduu isa ba-lleessine,duuba warra ergamaa keenya Muhammaditti kafares akkasitti baIle-ysu'uu teenya.

فَكَيۡفَ تَتَّقُونَ إِن كَفَرۡتُمۡ يَوۡمٗا

*Si isin ormi kuffaaraa,yoo ar'a Rabbitti kafartan akkamitti azaaba guyyaa qiyaa-rn-a'aa jalaa najaa baatan, takkaa ifirraa dee-biftan?

يَجۡعَلُ ٱلۡوِلۡدَٰنَ شِيبًا ١٧

I7}* guyyaajabaa.cinqii ,guddooqabu,kan joollee duIloomsee,arreessu.

ٱلسَّمَآءُ مُنفَطِرُۢ بِهِۦۚ

*Guyyaa azaaba isaatii jecha,takkaa ham-meenya isaatii jecha samiin baqayxu,

كَانَ وَعۡدُهُۥ مَفۡعُولًا ١٨

**18}***Guyyaan azaabni isaa ,akkasitti, jab-a'aa ,sun, waan ,Rabbiin odeessee .dhufan oolu.

إِنَّ هَٰذِهِۦ تَذۡكِرَةٞۖ

* Aayanni tun, takkaa suuran tun gorsaa,

فَمَن شَآءَ ٱتَّخَذَ إِلَىٰ رَبِّهِۦ سَبِيلًا ١٩

19}*lsinirraa namni fedhe gorsa kana , fudhateeti, amanee, waan, gaarii dalagee ,karaa Rabbii qabatee deema, waan ham-tuu hunda dhiisee.

۞ إِنَّ رَبَّكَ يَعۡلَمُ أَنَّكَ تَقُومُ أَدۡنَىٰ مِن ثُلُثَيِ ٱلَّيۡلِ

*rabbiin kee,akka ati halkanirraa narka, Iarnaa, gad, dhaabbata'aa bultu, salaataf jecha , ni beekha,

وَنِصۡفَهُۥ وَثُلُثَهُۥ

* Ammallee akka ati cinaa halkanii, tak-kaa harka sadiyirraa harka tokko salaa ta'aa bultu ni beekha,

وَطَآئِفَةٞ مِّنَ ٱلَّذِينَ مَعَكَۚ

*Ammallee.akka,warri,si,wajji,jiru akka ati dhaabbattutti halkan dhaabbatee salaatu ni beekha nabi Muhammadirraa gaafas nama dubbii halkan dhaabbatu'uu tana dalaga'arra oolchu'uu jecha, halkan hunda dhaabbata'a a buluutu jira, hanga Rabbiin dhaabbadhaa je'e-rraa ir'isuu soda'aaf jecha,hanga miilli isaanii iitayetti,duuba eega akkanatti amata yookaa bara,tokko taa'aniiyi, Rabbiin halkan dhaabbatuu ummatarraa kuffisee akki je'e,

وَٱللَّهُ يُقَدِّرُ ٱلَّيۡلَ وَٱلنَّهَارَۚ

*Rabbiin halkanii guyyaa isaatu uumee likkii isaan lamaanii isaatu beekhaa,

عَلِمَ أَن لَّن تُحۡصُوهُ

*Akka isin halkan likkeysuu hin beyne, kan hanga dhaabbatuun waajibaa wallaa-laf, halkan hunda dhaabbattanii if miitan, beekhee jiraa,

فَتَابَ عَلَيۡكُمۡۖ

*tanaaf jecha ,halkan dhaabbatuu jabee-nyarraa laafinatti isinii deebisee jiraa,

فَٱقۡرَءُواْ مَا تَيَسَّرَ مِنَ ٱلۡقُرۡءَانِۚ

*Tanaaf jecha ,qur'aanarraa waan dandeessan hanga isinii laafe qara'aadhaa, hanguma dandeessan halkanirraa salaataa,

عَلِمَ أَن سَيَكُونُ مِنكُم مَّرۡضَىٰ

*Rabbiin akka isinirraa namni gariin dhukkubsatee halkan dhaabbatuu hin dandeenye beekhee jira,

وَءَاخَرُونَ يَضۡرِبُونَ فِي ٱلۡأَرۡضِ يَبۡتَغُونَ مِن فَضۡلِ ٱللَّهِ

*Ammas akka gariin keessan naggadaaf, takkaa waan biraatif imaltuu bayu, kan halkan dhaabbatuu hin dandeenye beekhee jira

وَءَاخَرُونَ يُقَٰتِلُونَ فِي سَبِيلِ ٱللَّهِۖ

*Ammas akka isinirraa namni gariin duula karaa Rabbii jabeessu'uutii je'ee duulu ni beekha, kan halkan dhaabbatuun isa dhibu, tanaaf jecha, Rabbiin halkan dhaabbatuu matumaa nuu isinirraa buusee ,takkaa dhiisee,bakka isaa salaata shan halkanii guyyaa keessatti salaataa

فَٱقۡرَءُواْ مَا تَيَسَّرَ مِنۡهُۚ

*Qur'aanarraa waan isinii laafe qara'aadhaa,

وَأَقِيمُواْ ٱلصَّلَوٰةَ

*salaata shanan isinirratti wajabe salaata salaa nni shanan, zuhrii, **asrii maghriba,** ishaa'ii, subhiidha, wanni qur'aanarraa salaata shanan keessatti qara'uun waajibaa kan Rabbiin na mufuu laaffise, suuratulfaatihgaadha, bismillaadhan wajji,

وَءَاتُواْ ٱلزَّكَوٰةَ

*Zakaata horii keessanii ammallee kan qaama keessanii nama haqa godhatuuf kennaa, zakaanni hori'ii waan amatarraa ziqiyaafii, meetafii, meeshaa bitanii gurguraniifii, galafii, loonifii , Re'eefii hoolaadharraa, kennan yookaa baasantu jira, yoo lakkooysa zakaan keessatti wajabu gaye, akkasuma zakaan waan midhaan nyaataf qotanirraa hoggaa calleysan, nama haqa godhatuu kennan, mi dhaan zakaan keessatti wajabu, kan akka mishinga'aa, boqqollo'oo qamadi'ii, garbu'uu ,xaafi'ii, timiraafii, inabaati.yoo likkii zakaan keessatti wajabu gaye, ammoo zakaanni qaamaa isa hoggaa soornanni dhume {zakaatulfixri} je'anii, suguda tokko tokko namarraa kennan, waan warri biyyaa nyaaturraa, ammo yoo waan nyaataa kan kennan dhaban, gatii suguda sanii kennuun ulamaa'ii garii biratti ni gaya, zakaan waan dureessafii hiyyeessa walitti hidhu, kan wal isaan jaalachiisu, kan horii tirfeysuu, tanaaf jecha jabaadha'aa zakaa baafadhaa,

وَأَقۡرِضُواْ ٱللَّهَ قَرۡضًا حَسَنٗاۚ

*Horii keessan Rabbii jeaatii karaa gaarii keessatti baasaa tola oola'aa,waan zakaa malee jirurraa kennaa, kennaa gaarii jaalalaan taate,

وَمَا تُقَدِّمُوا۟ لِأَنفُسِكُم مِّنْ خَيْرٍ

*Wanni gaarin isin dalaydanii if dura gara aakhira'aa dabarfattan,

تَجِدُوهُ عِندَ ٱللَّهِ هُوَ خَيْرًا

*Sawaaba waan kennattanii san boru Rabbi biraa argattan, sawaaba waan isin addunya'arratti kennuu ooltanirra isinii caalu,

وَأَعْظَمَ أَجْرًا ۚ

*sawaaba, waan,kennitanii dabarsitanii kan waan kennitanii hin dabarsinirraa akkaan caalu argattan,

وَٱسْتَغْفِرُوا۟ ٱللَّهَ ۖ

* Araara Rabbirra barbaadaa,

إِنَّ ٱللَّهَ غَفُورٌ رَّحِيمٌ ﴿٢٠﴾

20}*Rabbiin kan namaaf araaramu, yoo araara irra barbaadan kan ammallee rahm-ata namaa godhu.